Barattoota Qabxii Olaanaa Galmeessaniif sirni beekamtii Kennuu Geggeeffame

::

Biiroon Barnootaa Oromiyaa barattoota bara 2012 qormaata biyyoolessaa seensa yuuniversiitii fudhatanii qabxii olaanaa galmeessisan bakka Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo. Shimallis Abdiisaa fi Hoogganaa Biiroo Barnootaa Oromiyaa Dr. Tolaa Bariisoo argamanitti sirni beekamtii kennuu geggeeffamee jira. Barattoota qormaata fudhatan keessaa barattootni 152 qabxii 600 ol akka galmeessisan ifoomeera.

Barattoota qabxii olaanaa galmeessisan 152 keessaa waldorgomsiisuun barattoota 100 ta'aniif carraan barnoota biyya alaa (scholarship) akka mijatuuf Pirezidaantiin Bul. Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo. Shimallis Abdiisaa sirna beekamtii keennuu barattootaa irratti dubbataniiru.

Haaluma kanaan manneen barnootaa naannoo Oromiyaa Bara 2012 Qormaata Seensa Yuuniversiitiin Qabxiin 600 ol Keessatti Galmaa'e Yeroo Sadarkeeffaman:
Maqaa Mana barumsaa, Bakka itti argamu, baay'ina barattoota qabxii 600 ol galmeessanii
::

1. Mana barumsaa bultii addaa Adaamaa, kan mootummaa yoo ta'u barattootni 46 qabxii 600 ol galmeessaniiru.
2. Mana barumsaa Excell Adaamaa, kan dhuunfaa, barattootni 22 qabxii 600 ol galmeessaniiru.
3. Mana barumsaa Hiil Top Buraayyuu kan dhuunfaa, barattootni 11 qabxii 600 ol galmeessaniiru.
4. Mana barumsaa sad.2ffaa Asallaa kan mootummaa, barattootni 6 qabxii 600 galmeessaniiru.

5. Mana barumsaa Leadstar, Shaashamannee, kan dhuunfaa barattootni 4 qabxii 600 ol galmeessaniiru.
6. Mana barumsaa St. Joseph, Adaamaa, kan dhuunfaa barattootni 4 qabxii 600 ol galmeessaniiru.
7 .Mana barumsaa sad.2ffaa Bishooftuu kan mootummaa barattootni 4 qabxii 600 ol galmeessaniiru.
8 .Mana barumsaa Abdii Boruu Arsii Lixaa, kan mootummaa barattootni 3 qabxii 600 ol galmeessaniiru.
9. Mana barumsaa Intellectùals, Sabbataa, kan dhuunfaa barattootni 3 qabxii 600 ol galmeessaniiru.
10. Mana barumsaa Abineezer, Bishooftuu, kan dhuunfaa barattootni 3 qabxii 600 ol galmeessaniiru.

Walumatti barattootni 152 qabxii 600 ol kan galmeessan yoo ta'u; kanneen hafan Godinaalee adda addaa keessatti kan argamaniidha.

Manneen barnootaa biroos barattoota qaxalee akkasii horachuuf jabaattanii hojjechuun isin irraa eegama.

በኦሮሚያ ክልል በ2012 ዓ.ም የ12ኛ ክፍል ሀገር አቀፍ ፈተና ከወሰዱት ተማሪዎች ዉስጥ የላቀ ውጤት ላስመዘገቡ ተማሪዎች እውቅና እና ሽልማት ተሰጠ

እውቅናና ሽልማቱ የተሰጠው በ2012 ዓ.ም የ12ኛ ክፍል ሀገር አቀፍ ፈተና ወስደዉ 600 እና በላይ ውጤት ላስመዘገቡ 152 ተማሪዎች ነው።

በእውቅና እና ሽልማት መርሐ ግበሩ ላይ የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ርዕሰ መስተዳድር አቶ ሽመልስ አብዲሳ እና የክልሉ ትምህርት ቢሮ ኃላፊ ዶክተር ቶላ በሪሶ በተገኙበት ተከናዉኗል።